SAINT PAUL
MINNESOTA



# CUUNFAA GABAABAATTI

**IBSA GABAABAA:**
S.A.F.E. Saint Paul kun Bitootessa 1, 2021 eegalee hojiirra kan oolu waliigaltee Poolisiiwwanii kan ittisa kireeffattoota haarawaa ti. Isaan kun waa'ee tokkoon tokkoon poolisii beekuu kan isin qabdanii dha.

## KIREEFFATTOONNI BEEKUU KAN QABAN

BARBAACHA MANA JIREENYAA/ → MANA JIREENYAA KAN QABAN → JIJJIIRAMA ABBAA QABEENYUMMAA

**Mana barbaadaa jirtuu?**
Qajeelfama Calallii kan Kireessitootaa Irra deebiin ilaaluu

**Mana argattanii?**
Daangaawwan Qarshii Qabsiisaa Irra deebiin ilaaluu

**Akka gad-dhiiftaniif beeksisi isin qaqqabeeraa?**
Beeksisa Poolisii Just Cause Irra deebiin ilaaluu

**Gamoon Gurguramaa jiraa?**
Polisii Dursanii Beeksisuu Irra deebiin ilaaluu

### TENANT SCREENING GUIDELINES / QAJEELFAMA CALALLII KIREEFFATTOOTAA

Poolisiin Qajeelfama Calallii Kireeffattootaa kun calallii iyyattootaa keessatti qajeelfamni wal fakkaataan fayyadama seenaa kireeffannaa mana jireenyaa, yakkaa fi kan liqeeffannaa keessatti akka uumamu taasisa.

### DAANGAA QARSHII QABSIISAA

a Poolisiin daangaa qarshii qabsiisaa kun kaffaltii duraa kanneen Qarshii Qabsiisaa fi Dursanii Kaffaluu wajjin wal qabataniif daangaa ni kaa'a.

### BEEKSISA POOLISIII JUST COUSE

Just Cause Poolisiin kun kan inni mirkaneessu, abbootii manaa Just Cause akka hundeessanii fi kiraan akka hin haareffamne Beeksisa Just Cause barreeffamaan dhiheessu.

### POOLISII DURSANII BEEKSISUU

Polisiin Dursanii Beeksisuu kun abbootiin manaa yeroo ammmaa Magaalaa Saint Paul akkasumas kireeffattootaaf *Gamoon Mana Jreenyaa Gatiin isaa Madaalamaa ta'e kun osoo gaabaarra hin oolfamin dursuudhaan, akkasumas abbootii manaa warri haaraan wal harkaa fuudhiinsi erga taasifameen booda gurguramuu isaa fi abbaa qabeenyaa haaraan Beeksisa Ittisa Kireeffataa akk dhiheessan mirkaneessa.

## ABOOTIIN QABEENYAA BEEKUU KAN QABAN/

BAKKA DUWWAA TARREESSUU → YEROOKIREEFFATANITT → JIJJIIRAMA ABBAA QABEENYUMMAA

**Manni Kireeffamu ni argamaa?**
Qajeelfama Calallii kan Kireessitootaa Irra deebiin ilaaluu

**Kan kireeffatu argameeraa?**
Daangaawwan Qarshii Qabsiisaa Irra deebiin ilaaluu

**Akka gaddhiiftan beeksiftaniittuu?**
Beeksisa Poolisii Just Cause Irra deebiin ilaaluu

**Gamoo gurguruu ykn bituufii?**
Poolisii Dursanii Beeksisuu Irra deebiin ilaaluu

**ODEEFFANNOO DABALATAA ISIN BARBAACHISAA?** Fuula City of Saint Paul S.A.F.E. Housing daawwadhaa

# BARBAACHA MANA JIREENYAA

## QAJEELFAMA CALALLII KIREEFFATTOOTAA

Poolisiin Qajeelfama Kireeffattootaa kun gulaallii iyyattootaa keessatti qajeelfamni wal fakkaataan fayyadama seenaa kan kireeffannaa mana jireenyaa, yakkaa fi kan liqeeffannaa keessatti akka uumamu taasisuun kan wal-qabate ilaalcha walqixxummaa mirkaneessa.

### SEEROTA YAADACHUU:

- Abbootii manaa, waraqaa iyyataa ykn waraqaa kaffaltii kireeffannaa mana jireenyaa osoo hin fudhatin dura, iyyataadhaaf Ulaagaalee Calallii isaanii waliin kennuu qabu.
- Ulaagaaleen Calallii kan inni calaqqisiisuu qabu odeeffannoon akkamii hojii irra ooluu akka qabuu fi hin qabne, akkasumas yeroo hagamiitiif kan jedhu dha.

Poolisiin kun kan inni hin dhowwine...
- Abbootii manaa kan fuuldudratti kireeffattoota ta'an calaluu.
- Abbootii manaa qajeelfama calallii salphaa ta'e fayyadamuu.

### KIREEFFATTOONN ISAAN CALALAMANIIF

- Eera Kireeffannaa
- Waggoota 3 darban keessatti buqqa'iinsa taasifame (Liqii Abbaa manaa kan duraaniitiif ykn kaampaanii tajaajilaatiif)
- Odeeffannoo Liqaa kan fudhatamu qabu: Idaa Abbaa manaa kan duraaniitiif ykn kaampaanii tajaajilaatiif.
- Seerri Federaalaa kan Daawaa Dhorkamoo (Controlled Substances Act )(21 U.S.C. 802) yoo cabe.
- Ulaagaalee galmee miidhama quunnamtii saalaatiif
- Murtoowwan gocha yakkaa xixiqaa kan waggoota 3 darbaniitiif.
- Murtoowwan yakka jaboo(Felonies) kan waggoota 7 darbanii
- Murtoowwan yakka jaboo filataman kan waggoota 10 darbanii

### KIREEFFATTOONNI KAN ISAAN QORATAMUU HIN QABNEEF :

- Seenaa kan mana jireenyaa kireessuu qabaachuu dhiisuu
- Waggoota 3 darban keessatti buqqa'iinsa taasifame
- Credit score / Bahii Idaa
- Seenaa kan Liqeeffannaa qabaachuu dhiisuu
- Gochaawwan yakkaa xixxiqaa
- Dogoggora Tiraafikaa
- To'annaa jala galchuu ykn himannaa, murtoo tokko malee
- Sagantaa kallattii jijjiiruu ykn kan referralaa keessatti hirmaachuu ykn xumuraa taasisuu.
- Murtoowwan dhiifaman ykn hambifaman
- MN keessatti yakka humnaan ol hin taane
- Fuula Juvenile Justice System duratti balleessaan namaratti argamuu

Calallii keessatti Seenaa Yakkamaa tokkoo fayyadamuun guyyaa adabbiin itti dabarfame irratti kan hundaa'e ta'a.

## DAANGAA QABSIISA QARSHII

Poolisiin Daangaa Qabsiisa Qarshii **kun gahumsa walqixxummaa kan Security Deposits fi Prepaid Rent waliin wal qabate kaffaltii dursaa kan mana jireenyaa yarsuudhaan kan inni mirkaneessu.**

### SIRNOOTA YAADATAMUU QABAN:

- ***Hanga Qarshii Qabsiisaa irratti daangeffamuu:*** Abbootiin manaa kiraa kan ji'a tokkoo irra kan caalu, Securit Deposit kan kireeffataa tokkoo irraa kaffaluu ykn fudhachuu hin qabani. Garaagarummaa ilaalaa(See exception).

- ***Daangeffama dursa kaffaltii kiraa /Prepaid Rent limitation/:*** Abbootiin manaa kaffaltii ji'a tokkoo irra kan caalu, kaffaltii kiraa kan dursa kaffaltii kaffalchiisuu ykn fudhachuu hin danda'an. Garaagarummaa ilaalaa (See exception).

- ***Kan keessatti hin haammatamne /Exception/:*** Iyyataan tokko ulaagaalee calallii kan Tenant Screening Guidelines jalatti argamu kan hin guunne yoo ta'e, abbaan qabeenyaa Security Deposit dabalataa ykn hanga prepaid Rent akka haala mirkaneefannaatti gaafachuu danda'a.

Kutaan kun abbaan qabeenyaa tokko pet deposit ykn Rental Application Fee kaffaluu irraa hin daangessu.



**ODEEFFANNOO DABALATAA ISIN BARBAACHISAA?** Fuula City of Saint Paul S.A.F.E. Housing daawwadhaa

V.1 MARCH 1, 2021

# YEROO KIREEFFANNAA KEE

## POOLISII BEEKSISA JUST CAUSE

Beeksisi Poolisii **Just Cause kun Abbootii manaa Just Couse kudhan (10) keessaa tokko (1) akka uuman gochuudhaan kireeffattoonni waliigaltee kiraa manaa akka hin haaressineef Beeksisa ust Cause barreeffamaan akka kennamuuf taasisuudhaan tasgabbii mana jireenyaa fooyyessa.**

Abbootii manaa yeroo waliigaltee kiraa manaa (Lease) haaressuu didan gochuu kan qaban:

1. **Beeksis Just Couse bifa barreeffamaatiin kireeffataaf(ootaaf) dhiyeessuudhaan odeeffannoo armaan gadii akka haammatu taasisaa:**
   a. Sababa addaan kutuu (Just Cause), fi
   b. Haqawwan sababa(oota) kana tumsan

Abbootiin manaa osoo sababoota Just Couse kudhan keessaa tokko guutuu yoo dadhaban malee walii galtee isaanii garaagara kutuu hin danda'an.

Liiziiwwan jiraattotaa martinuu beeksisa afaanii Just Cause kanneen armaan gadii of keessatti haammachuu qaba:

"Akka liizii kanaatti, osoo mana murtiitti hin raggaasisin abbaan qabeenyaa walii galtee as keessa jiru ofuma isaatii qofa  garaagara kutuu ykn yaalii gochuu hin danda'u. Magaalaa Saint Paul's keessatti sababoonni kan Just Cause Notice (Sec. 193.05), irratti tarreeffaman yoo ta'u akka waliigaltee kanaatti sababoonni kan biroon hin jiran "

1. Kaffaltii kiraa manaa kaffaluu dhiisuu
2. Kaffaltii kiraa manaa irra deddeebiin tursanii kaffaluu
3. Meeshaaleen ajajamuu dhiisuu
4. Haaressuu dhiisuu
5. abbaa qabeenyummaatiin ykn miseensummaa maatiitiin jiraachuu
6. Diigamuu gamoo fi dwelling unit jijjiiramuu
7. Deebisanii dhaabuu fi haaressuu
8. Ajaja mootummaa irratti hundaa'uudhaan gad dhiisuuf
9. Carraa hojii haala hojiif bobbaafamuu irratti hundaa'e
10. Bakka jireenyaa yeoo eeyyamame caalanii keessa turuu

# JIJJIIRAMA ABBAA QABEENYAA

## POOLISII DURSANII BEEKSISUU

Poolisiin Dursanii Beeksisuu kun jiraattota kanneen galii gad aanaa fi giddu galeessa qabaniif manneen isaaniin fayyadan tuttursuu kan deggeru yoo ta'u mana isaanii irrattis jijjiiramoota dhiibbaa geggeessuu danda'aniif  kireeffattoota tasgabbeessuu fi iftoominas kan kennu ta'a. Qabeenyaan gatii madaalamaadhaan kireeffamu osoo gabaa irra hin oolfamin dursee abbaan qabeenyaa haarawwaan magaalichaa fi Beeksisa **Yeroo Murtaawa Ittisa kireeffataadhaaf** waa'ee beeksisa **gurgurtaa isa yaadamee** fi yeroo kireeffannaa waliin walitti ida'amee abbootiin qabeenyaa haaraan **beeksisa gurgurtaa** akka dhiheessan mirkaneessa. Poolisiin kun  armaan gaditti akkuma ibsamee jiru, **"Gamoo Manoota Gatii Madaalawaa "**hundumaaf kan hojjetuu dha.

| # BEDROOMS | AT OR BELOW 80% AMI |
|---|---|
| Efficiency | $1,448 |
| 1 Bedroom | $1,552 |
| 2 Bedrooms | $1,860 |
| 3 Bedrooms | $2,150 |
| 4 Bedroom | $2,400 |

**2020 F**

**Gamoo Mana Jireenyaa Gatiin Madaalawaa:**
Kiraan ijaarsa mana jireenyaa kamii iyyuu harka dhibba keessaa 20 ykn unitiiwwan  hedduun naannoo 80%  ykn isaa gadi ta'an  kanneen Galii Giddu galeessa (AMI) qabaniif ta'a. Wagga waggaadhaan HUD garagaaramuun hammayyoomeera.

**Gamoo Manajireenyaa *Affordable Housing fogurgurtaaf utuu hindhiheessin**
Abbaan qabeenyaa kan yeroo ammaa beeksisa gurgurtaa karoorfamee (**Notice of a Proposed Sale**) dhiyeessuu qaba. kana jechuunis Magaalaa Saint Paul fi jiraattota Affordable Housing kutaalee keessa Jiraataman kamiif iyyuu yoo xinnaate guyyoota 90 dursee beeksisuu qaba jechuu dha.

**Gamoon Mana Gatiin Madaalawaa erga gurgurameen booda**
Abbaan qabeenyaa inni haaraan **Beeksisa Gurgurtaa** dhiheessuu qaba. Kana jechuunis Magaalaa Saint Paul fi jiraattota kan mana jireenyaa gati madaalawaa kamiin iyyuu erga bitamee guyyoota 30 keessatti jijjiiraa abbaa manummaa beeksisuu qabu.

**Guyyaa 90 Waitaa  Ittisa Kireeffattootaa**
Abbaan qabeenyaa inni haaraan dabalata kiraa, calallii irra deebii fi sababa quubsaa tokko malee gadi dhiisuuf beeksisuu ilaalchisee yeroo turtii kan Tenant Protection Period fi kan isa boodaa Magaalichaa fi jiraattota beeksisuu qaba. Tarkaanfiiwwan muraasni kireeffatoonni bakka haaraatti yoo jijjiiramanitti deggersa addaa akka argatan gochuu danda'a.



**ODEEFFANNOO DABALATAA ISIN BARBAACHISAA?** Fuula City of Saint Paul S.A.F.E. Housing daawwadhaa